qaanqee@hotmail.com

Lakk. 21 Sadaasaa, 2004

Dhukkuba bittaa gabrummaa kan hawaasa Oromoo qabee dhore wal'aanuuf qorsi (dawaan) doktorootni kora Bergen irraa eebbifaman ajajan, qixa summiiti.

Daawudii fi Shaneen isaa, Hegeree Sabaa Oromoo murteessuu dhaaf Mirga hin Qaban!

Seenaa qabsoo Oromoo keessatti Addi Bilisummaa Oromoo, ABOn boqonnaa guddaa qaba. Lammiiwwan Oromoo baay'etu itti wareegame; ummata Oromoo hundatu maqaa isaattin miidhame; sabbontota kumaatamootatu hidhaa Habashaa keessatti itti dararame. Dhaaba seenaa kana fakkaatu qabutu ardha harka ayyaanlaalattootaa fi kashlabbeewwan siyaasaa dheedhii tuttufaa deeman harkatti kufee mogolfamee diinaaf kennamaa jira.

Jaalalaa fi itti-amantii ummatni Oromoo tii fi miseensotni dhaaba kanaaf qaban karaa maleen itti gargaaramuudhaan, aangawootni bolola aangoo tiif uf qimmiidan bara baay'eef olola keessi duwwaatiin lammiiwwan sabaa sobaa turan. Soba kanatu dhaaba jaalatamaa xureessee fafeessaa jira. Kanaafuu, ammaa achi namootaa fi / yookaan dhaabaaf amanamoo tahuu caalaa, bilisummaa sabaa tii fi kaayoo Oromummaatiif amanamoo tahutu barbaachisaa taha. Maaliif yoo jedhame, ABO-n dhaaba, Oromummaan dhaloota. Dhaabni ni ijaarama, ni diigama. Oromummaan hundee uumama dhalootaa ti; hin baddu, hin haqamtu., hin geeddaramtu. Oromo-tu ABO uume malee, ABO-n Oromoo hin uumne. Kun haqa ifa galaa dha. Kanaafuu, Oromoo jaalatuu fi ABO jaalatuun wal qixaamiti. Dhaabaa fi hoggana haqa ummataa tiif dhaabatee falmu jaalatuunis yakkaa miti. Garuu, gareef yookaan nam-tokkeef amanamoo tayanii kaayoo fi kaayyoo dhaabaa kan sabaa caalchisanii jaalatuun wallaala guddaadha. Dogoggora daangaa hin qabne; yakka "nahofkolchaa" jechuu duwwaan irraa nama hin qulqulleessine tahuu isaa beekuun heddu barbaachisaa dha.

Haqa kana faallessuudhaan, dabballoonni kaleessaa "bilisummaa yk du'a" jechaa doyarra bayanii ummataratti shubbisaa turan, hardha kunoo "dimokraasii Toopiyaa-ttu nu baasa" jedhanii qaanyii tokko malee "iskistaa" bu'uuf nutti qoma mumul'isaa jira. "Wayya seetee Waayyu ceete" jedha Oromoon niitii abbaa-warraa jalaa sokkitee ganda dhaqaxetti rakkinni mudate yeroo akeeku. Magaalaalee biyyoota gara Dhihaa keessa guggulufaa, kursii irra tataa'anii cillaayfataa dubbatuu fi 'Internet' irratti bulgaafatanii sesseeqatuun ardhaa, "jarattiin ammas nutti kaatee addunyatti nuuf iyyadhaa!" jedhanii Finifinnee keessaa warwaatiinsa boru dhufuuf jiraatu nama dagachiisuu hin qabu.

"Keessa keessa adurreen bineensa" akkuma jedhame san, Wayyaaneen gaafa amala ofii kaaste, "ilmaan sabaa gara bosona Baaleetti", bineeyyiin bolola aangootiif uf qimmiidaa jiran immoo "nu akkuma kanaan duraa sanitti shaanxaa guurannee Booletti dachaana!" sagantaan jedhu barana akka durii sana aanjawaa hin ta'u. Wayyaanee lleen eenyummaa keenya bareera.

Dubbiin ijoon nama yaadchisu warra fedhiin galuuf hafarfamaa jiru kanaamiti. Balaa maqaa isaanii tiin hawaasa Oromooo keessatti uumamuuf deemutu akka haamti nu yaadchisaa jira. Daafeen jarreen kun qabatanii galan, ummata bal'aa daafa: lammiiwwan wal-nyaachisa; haaloo umrii dheeraa qabaatu ilmaan sabaa giddutti guduunfa; gadaannisa seenaa Oromoo keessaa halluu dibuun hin haqne sumuda; wareegama hin barbaachifne saba baasisa; maqaa xuraawaa dhaloota dhaalchisa; hawaasa biraa biratti Oromoo tuffachiisa; alaa fi biyyatti nu hunda qaanfachiisa; sanyiiwwan Impaayerichaa fi biyyoota olla jiran nutti koflisiisa.

Warra galuuf qalbiin isin dhaabatteef, 'karaa nagayaa' isinii hawwina. "Bara dhufuu mitii baranatti; boruumitii ardhatti; hegeree mitii ammatti" gala jetna. Ka beekuu qabdan garuu, akka gaafa durii san ummatni Oromoo ilillii fi gammachuun kan isin hin simtane tahuu isaati. Lafeen jaallanii bakka geettanitti dirmaa taatee isin waraanuuf qaramtee isin eegdi. Maqaa ABO tiin hawwotaa fi abboonni ilmaan isaanii dhaban; dubartootni abbaalee-warraa malee hafan, ilmaan abboonni irraa dhuman, qabsaawotni qaamni irdhatee biyyaa fi biyyoota ollaatti dagatamanii haddhaa jireennaatiin gaaga'aman, sabboonotni hidhaa keessatti shamanii haga ardhaatti murtii haqaa tiif warwaatan, barattooni baruumsa irraa ari'amanii mooraalee baqataa keessatti harka dhoortoo eeggataa jiran waan ililliin isin simatuuf jiraatan seetanii laata?

Gurmuun Qaanqee Bosonaa akkuma lakk. 20 irrattii ibsetti, yaadaa fi murtii Kora Bergen guutummatti balaaleffata; dura dhaabata. Leecoo Lataa tii fi xuuxillaawwan isaa hegeree ummata Oromoo murteessuuf mirga hin qaban. Aangoo bara Chaartaraa harkaa isaatii baaye deebisee dhuunfatuuf qabsoon Leencoon waggoota 12 oliif deemsisaa ture teessoo magaalaa Bergen irratti ifa tahe. Gaaddidduuwwan inni Asmaraa kaayatee fi dabballoonni siyaasaa-dheedhii bulgaafataa ori'an qaanyii tokko malee: " … Mallas wajjiin araara buusuu dhaan …karaa durii dullacha dhiifnee mootummaa dimokraatawaa murtii haqaatii fi caasaa nageennaa qabu ijaaruun…bilisummaa qabatamaa nuuf dhugoomsa…" nuun jedhu. Eenyu sobuuf kana gororan! Jechi 'bilisummaa' jedhamu kun, hiika Dr. Muhaammad Hasan waggoota dheeraaf lammiiwwan Oromoo maqaa gumii OSA fi siyaasaa-qoosaa tiin ittiin joonjessaa ture irraa hin walaboomne jechuu dha.

Korri Bergen kora Berlin ka biyyoonni Awuroophaa Afrikaa kochetti cicciratuuf itti murteefftan irraa addaamiti. Murtii gaafasiitiin ture, Minilik lafa Oromoo qabatee haga ardhaatti sanyiiwwan isaa kannneen wal-dabaree dhufan dhaalchisee waggoota dhibba caalaaf nu bituu kan danda'e (Bergen = Berlin; B = B). Daafeen tarkaanfiin Bergen sabaa Oromoo irratti fiduuf jiraatus bar dhibbee 21-ffaa kana keessatti bal'innaan mul'atuuf jiraata. Cunqursaa fi hacuuccaa aangawoota Habashaa irratti dabalamee addaan qoodamiinsi alaa fi biyya keessatti illee lammiiwwan Oromoo jiddutti uumamuuf jiraatu seenaa saba kanaa keessatti kan hiriyyaa qabaatuumiti. Labsi sagantaa araaraa kan asiin duraa ABOn baase, dameelee afuritti addaan isa qoode --- Shanee, Qaama Ceehumsaa, Gurmuu Qaanqee Bosonaa tii fi murnoota mataa-matatti ejjannoo fudhatanii haala mijjaawaa eeggataa jiran uume. Sagantaan Bergen garuu, addaan qoodanmiiinsa durii kana irratti dabalee, gurmuu Shanee irraa wilii fottoquu fi miseensota daandii galaalcha fudhatanii manneen ofiitti dacha'uuf deeman dhala. Ummata keessattis haaluma kana fakkaatu uuma. Murna Shanee tii fi OPDO jidduttis wal rigiinsi uumamuuf jiraatu ilmaan Oromoo wal nyaachisee humna alagaa cimsa. Dadhabbii umrii waggoota dheeraa qabaatuun malu fida. Namoota sammuu qabaniif kana tilmaamuun rakkisaa miti.

Asirratti, dubbiin akkaan hubatamuu qabu ka biraa, heerumni ardhaa kun “eessa nu fudinna?” kan jedhu taha. Abbaan-warraa (abbaan-biyyaa) Mallas tahee yeroo ardha itti nu araarsanii wajiin bullu, gaafa humni isa kuffisu dhufee aangoo irraa fudhatu ammoo, kanattis ni heerumna moo akkuma baranne ammas baqannee alatti dachaana? Deebiin gaafii kanaa guyyaa haa eeggatu. Garuu, ummatni gaafii bilisummaa qabatee ka’e tokko haga galiin isaa guutamuufitti qabsoo jalqabe dhiisee duubatti hin deebi’u. Ejjannoo dhodhommoqaa qabatee deema yoo taye immoo, kufaatii malee injifannoon inni goonfatu gonkumaa hin jiraatu. Araarris furmaata fiduu ka danda’u yoo humnoota gita wal madaalu qaban jiddutti kabajaan bu’urfame qofa. Yookaan qixa booji’amaa yookaan harka kennataatti lakkaawama. Kaanaaf, nageenni waarinsa qabu qabsoon argama jenna.

Ummata Oromoo bal’aa dhiisii tii, jarreenummaan galaaf uf shafaa jiran kunuu mirga kooraa aangoo ittiin huddeellattan qabaatuuf hin jiraatan. Gammachuu fi filicni ammaa, gaddaa fi riphiinsa boruu uf keessaa qaba. Jarreen kaayoo sabaa aangotti gurguratan kun, akkuma Mallas hardha isaaniin jedhu, bor isaanis nu warraa isaaniin mormuun, “shororkeessitoota” jedhanii Finfinnee irraa quba nutti akeekuun waan hin hafne. Miseensota isaan dabaaluu diddaaf shaanxaa qopheessatuu irraa uf qusatanis guyyaan itti saaxilanii diinaaf kennan akka dhufuuf jiraatuu ammumaan nutti mul’ataa jira. Garuu, afaan naamusa-dhabaan arrabsoo barate sun akka gannaan isaan hin geenne ummatni Oromoo ifatti beeka. Afaan adaba hin qabne hin cal’isu. Ayyama manguddoota kora Bergeniin labsummaan dhihoo baasan kunuu adaba-dhaba jetne kanaaf raga guddaa taya. Fakkeennaaf, mootummaa wajjiin hojjachuuf jilbiimfatanii kadhataa jiran, achumatti “mootummaa cunqursaa TPLF/EPRDF” jedhanii abaaran; seera gabroofataa Abisiiniyaa diiguuf akka deeman dhaadattan; achumatti ammoo, mootummaa mirga ummataa hacuucu kan Mallas saaxiluuf akka hawaasa addunyaa araara gaafatan dubbatan. Fuuluma san keessatti deebi’anii, “Toopiyaa mirgi ummatootaa walqixxummaan keessatti kabajame karaa dimikraatawaan ijaaruuf” akka karaa nagayaa filatan ibsan. Gara biraatiin, ibsuma san keessatti, faallaa duubatti deebi’anii, galiin isaanii ‘bilisummaa’ tahuu sagalee ol’kaasanii lallaban.

“Sababaan wafaalaa, garumaaf na dhaana” akkuma haati warraa jette jedhan san, Shaneewwanis, fedhii kursii aangoo tan onnee isaanii keessaa dhikkftu dhokfatuuf, “… yeroo uumatni Oromiyaa hiyyummaan, beelaan, cunqursaa fi dhukkuba HIV/AIDS-n rakkataa waan jiruuf tooftaa dulloomaa durii dhiifnee malaa haaraa furmaata fidu…” fudhatuuf akka haalli ammaan tanaa isaan dirqisiise mararfattanii nu amansiisuuf dhidhiitatan.

Yaa aangawoota Shanee,

Dhugumatti, hiyyummaa yoo taate, maqaa keessaniin dureeyyiiwwan meqaa meeqa akka deegan, ummatni naga’aa kumaatamni heddu qabeenna saamamee akka hiyyummatti hafe ni waakkattanii? Oromoo beela keessaa baasuuf “Leencoo Lataa fi Daawud Ibsaa boqqolloo fi qamadii fe’anii dhufaa jiruu, Booletti tarree gala eegaa! ” jettanii labsuufii laata? Mootummaa cunqursaa jechaa, isa wajjiin hojjatuuf galuun’mmoo akka isa cimsuuf deemtan nuu akeekuu isaa waan ummataaf hin gallee seetanii? “Dhukkuba HIV/AIDSf ammoo ABOn kondomii fi dawaa (qorsa) markabatti fe’e Oromiyaa galchee raabsuuf gala… ” jechuu keessanii? Kun, tapha siyaasaa ti. Hangam takka akka Oromoo tuffattan mul’isa. Garuu, gowwaan isin caale hin jiru. Kitfoof aangoo isin duraa mul’atu malee qolaa fi mancaa

isin moggaa jiru hin argine, Arguu illee hin dandeettan. Qabsaawonni Oromoo daandii isin xureessitan qabsoon qulqulleessanii kaayyoo fi kaayoo saba isaanii fiinxa ni baasan.

Gara biraatiin, lammiiwwan Oromoo kanneen Bilisimmaa Oromiyaatti amantan martinuu, qabsoo haqaa tarkaanfachiisuuf harka walqabannee akka wajji kaa'nuu ammas irra deebinee waamicha dhiheessina..

-Bilisummaan qabsoon argamtii!
-Galiin Oromoo bilisummaa dha!